

Qabiyyee walta'iinsaa

Sanadni kun hirmaannaa W.A.L.Q.O.n tajaajila maallaqa moobayiliin dabarsuu M-Birr keessatti godhu hundumaa of keessaa qaba. Yeroo Unkaa Galmee sanada kanaa wajjin walqabate malletteesitaan akka Maammila tajaajila M-Birr tti galmooftan, qabiyyee walta'iinsa kanatiin buluuf hayyamtaniitu. Kanaafu, qabiyyee walta'iinsa kanaa sirritti dubbistanii hubachuu qabduu. Yoo qabiyyee walta'iinsa kanatiin waliif hingalle, itti fuftaanii galmaa'uu fi/ykn tajaajila M-BIRR tti fayyadamuu hin qabdan.

HIKAA

“**Akkaawuntii**” jechuun Akkaawuntii M-BIRR keessani, galmee maallaqa elektiroonikii keessan kan nuti yeroo irraa yerootti qabnu kan calla walqixxaatiin bakka bu’u jechuu dha.

“**Wakkiila**” jechuun nama W.A.L.Q.O dhaan mudamee tajaajila M-BIRR kennu jechuudha.

“**Callaa**” jechuun sharafa seera qabeessa kan Federaalaawa Dimookraatawa Ripablika Itoophiyaa juchuu dha.

“**WGM**” (Wirtuu Gargaarsa Maammilaa) jechuun wirtuu gargaarsa maammilaa tajaajila M-BIRR kan gargaarsa wakkiilaa fi dameelee W.A.L.Q.O. tiif akka kennu W.A.L.Q.O. wajjin walii galan jechuu dha.

“**Akkawunti Korporate**” jechuun, Akkawunti M-BIRR kessan ta’ee kaan mobayillii kessan irraa qarshii qabdan basuu, erguufi dabarsuu hin dandenyee yookaan mobayilaa irraa sochosuu kaan hindana’amnee jechu dha.

“**Maallaqa elektiroonikii**” jechuun Akkaawuntii M-BIRR keessatti argisiifamee, callaa walqixa ta’een bakka bu’u kan gara wakkiila M-BIRRitiin yokiin damee W.A.L.Q.O. tiin deebifamu jechuu dha.

“**Lammii Biyya Alaa**” jechuun dhaabbataan Itoophiyaa keessa jiraatullee nama lammummaa Itoophiyaa hin qabne jechuudha.

“**Kitaaba Galmee**” jechuun kitaaba wakkiilli qabatu kan waljijjiirraan hundi irratti galmeefamu fi kan waljijjiirraan sirritti raawwachuu isaa akka ragaa dhumaatti fayyaduu dha.

“**Tajaajila M-BIRR**” yokiin “M-BIRR” jechuun tajaajila maallaqa moobaayilii kan W.A.L.Q.O. dhiheessu jechuu ta’ee, maallaqa kuusuu, dabarsuu, baasuu fi kan kanaan walqabatan ni dabalata.

“**Sirna M-BIRR**” yokiin “M-BIRR” jechuun sirna W.A.L.Q.O. dhaan hojjatamu kan tajaajila M-BIRR dhiheessu jechuu dha;

“**Damee W.A.L.Q.O.**” yokiin “**damee xixiqqaa W.A.L.Q.O.**” jechuun maammiila kamiyyuu kan W.A.L.Q.O. qunnamu jechuu dha.

“**W.A.L.Q.O.**” jechuun Dhaabbata Maallaqaa Xixiqqaa jechuu dha.

“**Neetworkii**” jechuun neetworkii walqunnamtii moobaayilaa kan Itiyoo Teelekoomii Federaalaawa Dimookraataawa Ripablika Itoophiyaa keessatti hojjatamu jechuu dha.

“**Dukkaana**” jechuun dukkaan kamiyyu, kutaa, yokiin qabeenya yokiin qaama qabeenya tokkoo kan meeshaa tokko tokkoon itti gurguramtu, kan wakkiilaan hojjatamu jechuu dha.

“**Hojjataa Dukkaana**” jechuun gargaaraa dukkaana wakkiilatti isin tajaajilu jechuudha.

“**Hirmaataa**” yokiin “**Fayyadamaa**” jechuun nama kammiyyuu kan tajaajila M-BIRRIitti fayyadamee maallaqa ergu yokiin fudhatu kan sirna M-BIRR keessatti hirmaatu dha, akkasumas nama kamiyyuu kan maallaqni elektiroonikii akka deebi’u mijjeessu ni dabalata.

“**Piinii**” jechuun lakkoofsa eenyummaa dhunfaa keessani, jecha dhoksaa kan isin Akkaawuntii keessan dhaqqabuufi hojjachiisuuf filattani jechuu dha.

“**Kaardii kafaltii duraa**” jechuun kaardii bilbila moobaayilii neetworkii Itiyoo Teelekoom irratti ittiin bilbilan jechuu dha.

“**Unkaa Galmee**” jechuun unkaa galmee kan bal’inaan waan galmeeffame fi isin qabiyyee walta’iinsa kanaa fudhachuu keessan qabuu dha.

“**Piinii qindaa’e**” jechuun piinii dijiitii afurii kan yeroo tokkoof fayyadu akka isin Akkaawuntii keessan ittiin kaaftan yeroo galmooftan kan isiniif ergamuu dha.

“**Siim Kaardii**” jechuun wanta eenyummaa tajaajilamaa kan yeroo bilbila moobaayilii sirrii ta’ee wajjin fayyadaman neetworkii Itiyoo teelekoom irratti bilbiluu nama dandeessisu fi tajaajila M-BIRR fayyadamuu nama dandeessisu jechuu dha.

“**TEG**” (Tajaajila Ergaa Gabaabaa) jechuun tajaajila ergaa gabaabaa kan ergaa barruu bilbila moobaayilii tokkoo irraa gara biraatti dabarsuu nama dandeessisu jechuu dha.

“**Waljijjiirraa**” jechuun gaafii kamiyyuu kan bilbila moobaayilii nama galmaa’eeitiin sirna M-BIRRIitiif dhiyaatu ta’ee, maallaqa Akkaawuntii M-BIRR keessanirraa baasuu fi galchuu ni dabalata ykn akka bakka bu’aa maammilaa galma’eeti, dalagalee CSA hojetaman.

“**Isin**” yokiin “**keessan**” jechuun maammila M-BIRR kan tajaajila M-BIRR fayyadamuuf galma’ee jechuu dha.

IBSA TAJAJILAA

2.1. W.A.L.Q.O. tajaajila maallaqa moobaayilii kan maallaqa Mamilaa Galma’ee (maamilaa Korporetiin alla) erguu fi fudhachuu isin dandeessisu hojii irra oolcha.

2.2. M-BIRRIin kan argamu namoota moobaayilii Itiyoo Teelekoomiin galmeeffame qabu hundaaf gaafa tajaajila M-BIRRIitiif galmaa'anii qabiyyee walta'iinsa kanaa fudhatanii dha akkasumaas lakk bil warren hin qabneef.

2.3. Isin Wakkiila M-BIRR yokiin damee W.A.L.Q.O. M-BIRR keessatti hirmaatu bira deemtanii Akkawunti daldalaa yookan Korporetii M-BIRR fi galma'uu kaan dandessan waldalee liqifi qusannoo xixiqo tajaajilaa M-BIRR kanaan birati dhunka galmee ergaa gutaani qofaadha. Akkaawuntii bakka jirenyaa M-BIRRIif galmaa'uu ni dandeessan.

2.4. Isin tajaajila M-BIRR fayyadamuuf galmaa'uudhaan Qabiyyee walta'iinsaa (“Qabiyyee walta'iinsaa”) kanaa fudhattaniituu. Qabiyyeen walta'iinsaa kana walta'iinsa seera qabeessa isini fi W.A.L.Q.O. giddutti godhamee dha.

2.5. W.A.L.Q.O'n galmeessuu diduuf yokiin nama kamiyyuu sirna M-BIRR iraa haquuf mirga guutuu qaba.

2.6. Wakkiila M-BIRR yokiin Dukkaana damee isaatti Callaa kuusuudhaan yokiin Maallaqa Elektiroonikii nama M-BIRR keessatti hirmaatuun isiniif ergame fudhachuudhaan, gara hirmaataa dhaabbata adunyaa kan tajaajila maallaqa erguu dhiheessuun yokiin karaa fudhatamaa biraa kan W.A.L.Q.O. dhiheessuun Maallaqa Elektiroonikii Akkaawuntii M-BIRR keessan keessatti argachuu dandeessu.

2.7. Waljijjiirraan hundinu birrii Itoophiyaatiin gaggeefama.

2.8. Daangaan waljijjiirraa ajajame fi keewwatootni walta'iinsa kanaa osoo hin tuqamin, wlqixxummaan Akkaawuntii M-BIRR keessani yeroo kamiyyuu taanaan ni deebifama akkasumaas akka qajeelfama keessan kaan kaara M-BIRR kennametti gaggeefama.

2.9. Kafaltiin tajaajila M-BIRRIitiif kafalamu hundi gabatee kafaltii kophaa irratti qophaa'ee Dukkaannan wakkiilaatti, fi dameelee W.A.L.Q.O. tti ni argamu, W.A.L.Q.O. yeroo irraa yerootti ni maxxansa. W.A.L.Q.O. yeroo kaamiyyuu kafaltiilee kana qofaa isaattii jijjiiruu ni danda'a.

2.10 Naannoo neetworkiin jirtu keessatti neetworkitti guututti itti fayyadamtanii tajaajila M-BIRR akka dhaqabdan godhuuf yaallullee, tajaajilli M-BIRR yeroo hunda argamuu isaa wabii hin kenninu. Miidhaa kamiyyuu kaan tajaajilli M-BIRR dhabamuurraan dhuftuuf itti hin gaafatamnu. Tajaajilli M-BIRR rakkinarraa walabaa miti, gochi rabbi, teessumni lafaa haalli qulleensaa, karoorri neetworkii suphuu yokiin hojiin neetworkii sirressuu fi (kana qofatti osoo hin daangeeffamin) haalli birootiis tajaajila M-BIRR dhiheessuu irratti dhiibbaa faalleessaa fiduu danda'u.

2.11 Yeroo Siim Kaardiin keessan miidhamte, badde yokiin hatamte, hatattamaan miidhamuu, baduu yokiin hatamuu isaa wakkiila yokiin damee isaa kan isinitti dhiyaatutti himuuf dirqama qabdan. Hanga siim Kaardiin keessan bakka isinii buututti, Akkaawuntii keessan yeroof cufamee tajaajila M-BIRR fayyadamuu dhoorkuuf, WGM tiin walitti isin fidu. Akkaawuntii yeroof cufuu fi deebisanii banuuf kafaltii barbaachisuu danda'a. Miidhamuu, baduu fi hatamuu siim kaardii nu beeksisuu keessan duratti kaffaltii fi waljijjiirraa godhamee hundaafu itti gaafatamumma qabdu. Beeksisni akkasii nu ga'uu dura, bilbila mooobaayilii fi Siim Kaardii keessaniin gaafii dhiyaateef waljijjiirraa godhameef beenyaa nuuf kafaluu qabdu.

2.12 Qajeelfama waa'ee tajaajila M-BIRR kamiyyuu kan yeroo irraa yerootti kenninu kabajuu qabdu.

2.13 Barmaatilee daldalaa kan akka qulqullina eeguu, leenjii, sirna haala gaariin hojjatu mirkaneessuu, hayyama malee sirna teelekoomunikeeshiinitti fayyadamuu dhoorkuu fi yakka baasuu fi ittisuuf jecha bilbilli gara WGM gootan ni hordofama yokiin ni galmeeffama.

GATII FI KAFALTII

3.1 Kafaltii barbaachisu hunda kafaluuf itti gaafatamtu. Qajeelfamni gatii waajjira guddaa W.A.L.Q.O., damee W.A.L.Q.O., dukkaana wakkiilaa fi weebsaayitii M-BIRR irraa argama.

3.2 Kafaltiin waljijjiirraa adda addaa irraatti kafalamuu qabu erga waljijjiirraan xumurame booda Akkaawuntii M-BIRR keessanirraa hir'ifamee walqixxummaan haaraan Akkaawuntii keessanii TEG tiin beeksifamtan yoo bil qabu ta'ee.

3.3kaan beeksifamtan Yeroo biraatti malee kafaltiileen gibira barbaadamu hundaa fi gatii jiru ni dabalata.

AKKAAWUNTIIF GALMAA'UU

4.1 Namni kamiyyuu kan karaa seera qabeessaan akkaawunitii bil wajjin W.A.L.Q.O. biratti bane yoo Siim Kaardii Itiyoo Teeleekoom qabaatan tajaajila M-BIRR tiif galmaa'uu ni danda'an.

4.2 Maqaa keessaniin akkaawuntii M-BIRR banuuf, umriin keesan waggaa 18tii ol ta'ee dandeettii walta'iinsa keessa galuu qabaachuu qabdu.

4.3 Wakkiila M-BIRR yokiin damee W.A.L.Q.O. hirmaatu kan Federaalaawa Dimookraataawa Ripablika Itoophiyaa keessa jiran biratti tajaajila M-BIRR tiif galmaa'uu ni dandeessu.

4.4 Unkaa galmee guuttanni, yerroo sirritti guuttamtee mallateessitanii kennuu qabdu. Shakkii irraa walaba ta'uuf, unkaan galmee yammuu guutamu maqaa keessan akka kaardii eenyummaa keessan irratti mul'atutti odeeffannoo asiin gadii kanaa wajjin mul'achuu qaba.

Teessoo keessan

Guyyaa itti dhalattan

Lammummaa keessan

Lakkoofsa moobaayilii keessan

Maqaa haadha keessanii

4.5 Eenyummaa keesaniif ragaa ga'aa ta'e dhiheesuu qabduu. Walta'iinsa kanaaf ragaa ga'aan ta'uu kan qabu yoo lammii Itoophiyaa taatan kaardii eenyummaa gandaa orijinaala, kaardii eenyummaa gandaa kan yeroo, kaardii eenyummaa waldaa qotee bultootaa, Waraqaa enyummaa barataa, hayyama konkolaachisuu yokiin paaspoortii dha; yoo lammii biyya alaa taatan paaspoortii orijinaala, kaardii eenyummaa jiraatootaa yokiin hayyama konkolaachisu ti. Garagalchi kaardii eenyummaa keessanii kan dhiyaate wakkiila galmaa'uu keesan mijjeessutti kennema. Dabaltanis, mamilaa daldalaf mamila korpooretif, Warraqa enyuuma kan hojji eyyama daldaalaa originalii, sertifiketaa TIN fi VAT (yoo qabataan) qophesuun koopi isaa originalaa waalin walqabsisun fiuu qaabduu.

4.6 Odeeffannoon dhiyaatu hundinu guutuu fi sirrii ta'uu qaba.

4.7 waa'een galmee keessani kan ammaa akka ta'u gochuuf itti gafatantummaa qabdu.

4.8 Ulaagaalee akkaawuntii banuuf barbaachisu yoo hin guutin yokiin eenyummaa keessaniif ragaa ga'aa yoo hin dhiheessin, W.A.L.Q.O. iyyannaa keessan didee deebisuu danda'a.

4.9 Yeroo Piinii Qindaa'e galchitanii Akkaawuntii keessan kaastanii piinii iccittii filattan, yeruma sun tajaajila M-BIRR argatu.

4.10 Maallaqni Akkaawuntii M-BIRR keessan keessa jiru dhala hin qabu.

4.11 Yeroo kamiyyuu W.A.L.Q.O. akkaawuntii keessan ilaalchisee odeeffannoo dabalataa isin gaafachuuf mirga qaba. Odeeffannoo gaafatamtan dhiheesuu dhabuun, tajaajila M-BIRR ni daangeessa, yeroodhaaf yokiin guututti ni dhaaba.

4.12 Lakofsaa mobayilaa tokkoof akawunti M-BIRR tokkoo ol qabachuu hin qabdaan.

4.13 Kan asiin olitti waliigalatti kaa'ame jiraatullee, namni taytaa haadhaa fi abbaa qabu maqaa isaatiin ijooleedhaaf akkaawuntii qabaachuu danda'a. walta'iinsa kanaaf jecha, namni taytaa haadhaa fi abbaa qabu haadhaa fi abbaa, guddisaa seerarratti hundaa'e, dura bu'aa manaabarnootaa fi nama biraa kan dhimma ijoolee irratti taaytaa qabaachuu isaa agarsiisuu ni dabalata.

ITTI GAAFATAMUMMAA M-BIRR DHAQQABUU

5.1 Dhaqqabbiin tajaajila M-BIRR Piiniidhaan eeggamaadha. Piinii keessan eeguudhaa fi hojjattoota dukkannan M-BIRR, hojjattoota W.A.L.Q.O., hojjattoota M-BIRR yokiin nama

kamiyyuu kan taaytaa gaafachuu qabna jedhu hundaa dabalatee nama biratti himuu dhabuu irrattii waliigaltaniituu.

5.2 Wabii piinii fi jecha iccitii keessanitiif isin qoftiin itti gaafatamummaa akka qabdan ni beektu. Piiniin keessan nama biraatti himamuusaatiif W.A.L.Q.O. itti hin gaafatamu. Isin piiniin keessan bahuu irraa ka'ee kasaaraa dhufuu danda'uu keessatti W.A.L.Q.O. miidhaa kan hin qabne ta'uu isaarratti walii galtaniituu.

5.3 Akkaawuntii M-BIRR keessan ilaalchisee qajeelfama W.A.L.Q.O. tti kenamu hundaafu itti gaafatamtu.

5.4 W.A.L.Q.O. piinii sirritti galee hundaa akka abbaan qabeenya Akkaawuntii M-BIRR galchettii waan ilaaluuf jecha waljijjiirraa achiin booda godhamee hundaa akka sirritti godhametti ilaala.

5.5 Seera Itoophiyaa cabsuudhaan yakka raawwachuuf tajaajila M-BIRR itti fayyadamuu hin qabdan.

FAYYADAMA AKKAAWUNITII KAN FUDHATAMA QABU

6.1 Akkaawuntiin keessan erga banamee kaasame booda waljijjiirraa asiin gadii godhuu ni dandeessu.

6.1.1 Maallaqa elektiroonikii gara dukkaana wakkiilaatiin kuusuu;

6.1.2 Maallaqa elektiroonikii fayyadamtoota biraatiif erguu yokiin irraa fudhachuu;

6.1.3 Gara wakkiilaatiin yokiin damee M-BIRRIitiin calla baasuu;

6.1.4 Kaardii kafaltii duraa kaan Itiyoo telekoom bituu;(Damee maamilaa korpooretii qofaaf)

6.1.5 Maallaqa gara akkaawuntii liqii keessanitti erguu;

6.1.6 Akkaawuntii keessan bulchuuf (Fakkeenyaaf, walqixxummaa ilaalu, piinii jijjiiruu); fi

6.1.7 Waljijjiirraa biraa kamiyyuu kan yeroo irraa yerootti W.A.L.Q.O. yokiin dhaabbaattoota maallaqaa shariikkaniin beeksifamu

6.2 W.A.L.Q.O. tajaajilli hundinuu yeroo hunda jiraachuu isaa wabii hin kannu akkasumaas tajaajilli kamiyyuu yokiin tajaajilli M-BIRR walumaa galatti sababa seeroota haara'aatiin yokiin fooyaa'aniin, mala seeraatiin dambii yokiin immaammata mootummaatiin dhaabuu danda'a.

Yeroof dhaabuu, guututti dhaabuu, ligichuu fi itti fayyadama hin hayyamamin

7.1 W.A.L.Q.O'n fedhii isaa qofaan yeroof yokiin walumaagalatti osoo itti hin gaafatamne haala asiin gaditti walta'iinsa dhaabuuf mirga qaba:

Yoo Akkaawuntii M-BIRR keessan karaa hin hayyamaminiin, seeraan ala, karaa sirrii hinta'iniin yokiin gocha yakkaatiif itti fayyadamtan

Yoo piinii keesan baduu isaa yokiin nama biraatti himamuu isaa (yokiin moobaayiliin keessan baduu/hatamuu issii) nu beeksifan

Yoo moobaayilii teessaniin waan tokko kan nuti hojii yokiin neetworkii yokiin tajaajila M-BIRR miidha jennee yaadnu gootan (akka godhamu gootan)

Sababa to'annaa keenyaa alaatiin.

7.2 Gaafii keessaniin Akkaawuntii keessan cufuu ni dandeenya.

7.3 Yoo Akkaawuntii keessan karaa gocha yakkaatiin, shoorarkeessumaan yokiin kaan kanaan walqabateen maallaqa erguuf yokiin fudhacuuf itti fayyadamame, itti fayyadamamaa jiraate, W.A.L.Q.O.seeraan dirqififamee Akkaawuntii keessan yeroof dhaabuu fi/yookin ligichuu yokiin gaafi isin waljijjiirraaf dhiheessitan diduu akka danda'u ni beektu.

7.4 W.A.L.Q.O. teessoo poostaatiin yokiin lakkoofsa moobaayilii keessan kan sirna M-BIRR keessatti galmaa'eerratti karaa elektiroonikiitiin TEGtti fayyadamuun beeksisa isiniif erguu danda'a

7.5 Walta'iinsi kun maammilli tajaajila M-BIRRIif galmaa'e akka du'etti dhaabbata.

Waljijjiirraa

8.1 Maallaqa elektiroonikii kuusuu

8.1.1 Maallaqa elektiroonikii kallattiidhaan akkawuntii M-BIRR hirmaataa biraa keessatti ossoo hin ta'in Akkaawuntii M-BIRR keessan keessatti qofa kuustu.

8.1.2 Maallaqa elektiroonikii kuusuuf odeeffannoo gaafatame guutuu qabdu; isaaniis eenyummaa if wabii dhugomsuu fi isin abbaa qabeenya akkaawuntii ta'uu keessan mirkaneessuu, achii booda maallaqa elektiroonikii kuusamuun callaa walqixa ta'ee W.A.L.Q.O. yokiin damee isaatti kennuu ni dabalata.

8.1.3 Erga callaa wakkiila/damee M-BIRRIitti kennitan, isinii fi wakkiilli/dameen galmee irratti mallatteessuu keessan mirkaneessuu, nagahee fudhachuu qabdu; kuniis isin waljijjiirraa maallaqa kuusuu sirritti xumuruu keessaniif akka ragaa dhumaatti fayyada.

8.1.4 W.A.L.Q.O. daangaa waljijjiirraa murteessuu fi Akkaawuntiilee daangaa irra xiqqaa qabu yokiin irra guddaa qabu kennuuf mirga qaba.

8.2 Maallaqa elektiroonikii dabarsuu

8.2.1 Yeroo isin "maallaqa dabarsuu", yokiin tajaajila biraa kan maallaqa Akkaawuntii M-BIRR keessan irraa dabarsu fayyadamtan, daangaan waljijjiirraati fi kafaltiin W.A.L.Q.O.dhaan murtaa'e hojjiirra ni oola.

8.2.2 Gaafiin isin waljijjiiraa godhuuf dhiheessitan,

- Yoo waljijjiiraa xumuruuf yokiin kafaltii waljijjiiraa kafaluuf maallaqa ga'aa akkaawuntii M-BIRR keessan keessaa hin qabaanne
- Yoo isin warri fudhatu daangaa ol'aana walqixxummaa akkawuntii kan murtaa'e geessan
- Yoo daangaa dabarsuu guyyaa tokkoo kan W.A.L.Q.O. murtaa'e geessan
- Yoo akkaawuntiin keessan sababa dhugaa ta'een yeroodhaaf dhaabbate yokiin walumaagalatti ligide
- Yoo sababni dirqisiisaan biraa kan akka sirni yeroodhaaf turuu yokiin dhaabachuu

Xumuramuu hin danda'u.

8.2.3 Qajeelfama tarree M-BIRR moobaayilii keessan keessaa hordofuudhaan, maallaqa elektiroonikii nama sirna M-BIRR keessatti hirmaatuuf yokiin nama kamiyyuu kan hin galmaa'in kan siimii/moobaayilii Itiyoo teeleeqoom qabuuf erguu ni dandeessu.

8.2.4 Waljijjiiraa kamiyyuu kan gootaniif ni kafaltu. Kafaltiiniis akka gatii maxxanfametti ta'a. (Mamilaa koorporetiin allaa)

8.2.5 yoo maallaqni elektirooniki akkaawuntii M-BIRR keessan keessaa jiru waljijjiiraa (kafaltii dabalatee) keessanif guututti ga'uu baate waljijjiirraan hin xumuramu, akkasumaas maallaqni elektiroonikii akkaawuntii M-BIRR keessan irraa hin hir'atu.

8.2.6. Maallaa namaa biraatiif dabarsuun keessan akka sirritti xumorametti, W.A.L.Q.O. maallaqa elektiroonikii hatattamaan gara nama biraatti yokiin akkawuntii isaanitti dabarsa. Isiniif namni isin ergitaniif waljijjiirraan dhumuu isaa TEGn beeksifamtu.

8.2.7 Yoo W.A.L.Q.O. waljijjiiraa xumuruu hin danda'in sbaba waljijjiirraan itti xumuramuu dadhabe TEGn isin beeksisa.

8.2.8 waljijjiirraan raawwatan hundinuu lakkoofsa waljijjiiraa addaa wajjin gaggeeffama. Lakkoofsiniis TEG waljijjiirraan gaggeeffamuu mirkaneessituu fi walqixxummaa akkaawuntii keessanii haarra ibsitu keessatti mul'ata. Lakkoofsi kun waljijjiiraa akkaawuntii keessan irratti godhame hordofuu fi adda baasuuf waan fayyaduuf jecha yoo irrati hunda'uu barbaadan dhaamuu hin qabu.

8.2.9 Maallaqa elektiroonikii yammuu sirritti akkaawuntii keessan irraa gara akkaawuntii M-BIRR nama maallaqa fudhatutti dabarsitan, abbaan qabeenyummaa gara nama fudhatutti darba.

8.2.10 yoo namni maallaqa fudhatu sirna M-BIRR keessatti hin galmaa'in abbaa qabeenya maallaqaa elektiroonikii akkuma taatannitti turtu. Garuu, yeroo W.A.L.Q.O. waljijjiiraa

duraani sbaba namni ergameef haala 8.2.12 jalattii tumameen yeroo kennameef keessatti fudhachuu dhabeef haqe malee, isin maallaqa ergitan baasuu yokiin nama biraatiif erguu yokiin waljijjiirraa garagalchuu hin dandeessan.

8.2.11 Namni maallaqni ergamuuf akkaawuntii M-BIRR yoo hin qabaanne, W.A.L.Q.O. hanga ergameef akka calleffatuu dandeesisu TEG kan voocherii yeroo tokkoo koodii ittiin sassaban wajjin ergaaf.

8.2.12 Erga waljijjiirraan godhame guyyaa 15 (yokiin guyyaa irra dheeraa kan W.A.L.Q.O. murteessu) keessatti namni hin galmaa'in voocharii isaa calleeffachuu baate, W.A.L.Q.O. waljijjiirraa haqee maallaqa elektiroonikii gara akkaawuntii keessanii erga. Kanuma TEG beeksifamtu. Garuu, kafaltiin waljijjiirraa kafalamuu qaba.

8.2.13 waljijjiirraan yeroo tokko xumuramnaan kan maayyiiti, haqamuu hindanda'amu. W.A.L.Q.O. waljijjiirraa garagalchuuf dirqama tokkollee hin qabu.

8.2.14 kan hima 8.2.13 jalatti tumame juraatullee, yoo sababni ga'aan kan akka gowwoomsuu dogoggora ifa ba'e yokiin mul'ate, W.A.L.Q.O. qofaa isaatti waljijjiirraa haquu yokiin garagalchuuf mirga qaba. Kun ta'uu kan danda'u yoo namni maallaqni ergameef maallaqa elektiroonikii hin deebifatin fi yoo gaafiin erga waljijjiirraan godhame ji'a tokko keessatti dhiyaatee dha.

8.2.15 Maallaqni elektiroonikii dogoggorraan, gowwoomsuudhaan yokiin sodachisuudhaan namaaf yeroo ergame namni sun callatti deebifate yokiin darabiraatiin itti fayyadame W.A.L.Q.O. maallaqa sun deebisuuf yokiin beenyaa kafaluuf hin dirgamu. Isiniis W.A.L.Q.O. maallaqa dogoggoraan yokiin gowwomsuun akkasumaas humna yakkaatiin dirgisaniis maallaqa akkaawuntii keessan keessaa dabarsuu irratti miidhaa kan hin qabne ta'uu waliigaltaniiru.

8.3 Maallaqa elektiroonikii fudhauu

8.3.1 Sirna M-BIRR keessatti yoo galmooftanii fi TEG kan maallaqa hirmaataa M-BIRR biraa irraa yokiin gara dhaabbatea biyyaa alaa kan maallaqa erguun isiniif ergamuu hubachiisu isin ga'e, maallaqni elektiroonikii hatattamaan akkaawuntii M-BIRR keessan keessa gala. Isiniis dukkaana wakkiila yokiin damee W.A.L.Q.O. irraa maallaqa elektiroonikii fudhachuu yokiin filnnoo tarree M-BIRR moobaayilii keessan keessaa fayadamuun nama dadaffatiif dabarsuu ni dandeessu.

8.3.2 Dogoggoraan maallaqni yoo isiniif ergamee fudhattan, nam isiniif ergeef deebisuu akka qabdan ni beetan.

8.3.3 Maallaqa dogoggoraan siniif ergametti yoo fayyadamtan yakkaan gaafatamuu dandeessu.

8.4 Maallaqa elektiroonikii baasuu (deebifachuu)

8.4.1 Dukkaannan wakkiila fi damee W.A.L.Q.O.:

Akkaawuntii keessan dhaqabdani qajeelfama tarree M-BIRR moobaayilii keessan irraa hordofuun akka ulaagaalee mirkaneessuu wakkiilli (Mamilaa koorporetiin allaa) yokiin dameen W.A.L.Q.O.. godhu dabartanitti maallaqa elektiroonikii keessan dukkaannan wakkiila kan hirmaatan yokiin damee W.A.L.Q.O. baasuu dandaessu. Garuu, maallaqa baasuun jalqabamuu fi dhumuu kan qabu iddoo wakkiilaa yokiin damee W.A.L.Q.O. tti. Galmee irratti mallattoo keessan kan maallaqa baasuu keesaniif akka ragaa dhumatti fayyadu mallatteessuu keessan mirkaneessuu qabdan. (Maamilaa koorporetiif qarshii bassuun kaan danda'amuu Damee MFI ti, kaasheeri dhaan qoofaa dhaa)

8.4.2 Daangaa waljijjiirraa sirna M-BIRR osoo hin tuqin, W.A.L.Q.O. erga namni maallaqa deefifatu eenyummaa fi wabii dhugoomsuu fi sirna adda baasuu dabruu hubate booda gaafii keessan hatattamaan deebisa. Maallaqa deebisuu irratti waldiddaan yoo jiraaate, W.A.L.Q.O. walitti dhufeenya waljijjiirraa fie eenyummaa adda baasuu fi/yokiin sirna wabii gaggeeffame agarsiisuun, eenyummaa nama maallaqa irrattii mirga qabuu mirkaneessuuf ga'aadha.

8.4.3 Keewwatoota faallaa kanaa osoo hin tuqin yeroo akkaawuntii M-BIRR maallaqa baaftan hundinu kafaltii baasuu ni kafaltu.

IMMAAMMATA DHOKSUU

9.1 W.A.L.Q.O. faaydaa odeeffannoo fayyadamtootaa M-BIRR dhoksee eeguu ni beeka.

9.2 W.A.L.Q.O. odeeffanno nama dhunfatiin adda ba'uu danda'u walitt sassaabee, fayyadamtoota qindeessuuf, tokko tokkoo akkaawuntii M-BIRR bulchuuf, daataa beezii M-BIRR ammayyeessuu fi fayyadamtoota gargaaruuf itti fayyadama.

9.3 Akka asiin gaditti kaa'ame malee, W.A.L.Q.O. odeeffannoo dunfaa keessan nam biraa kan hayyama hin qabneef hin baasu. Namni hayyama hin qabne odeeffannoo keessan akka hin dhaqqabne godhuu fi iccitummaa odeeffannoo dhunfaa keessani mirkaneessuuf wabii ga'aa ta'eetu jira.

9.4 W.A.L.Q.O. fi hojjatoonni kooontraktarii isaa kan ofeefannoo dhunfaa qabuuf ajajaman dirqama iccitummaa eeguu fi nama hin hayyamaminiifitti himuu diduu qaban. W.A.L.Q.O.odeeffannoof wabii keessaa godhuuf itti gaafatamummaa qaba.

9.5 W.A.L.Q.O. itti fayyadama akkaawuntii keessanii akka hordofu hayyamtaniiru. Akkasumaas odeeffannoo keessan kan dhunfaa seera eegdootaaf, dhaabbata maramaru, yokiin

qaama bulchu yokiin mootummatiif gocha maallaqa seeran ala argammetti fayyadamu, gowwoomsuu yokiin yakka biraa ittisuuf, baasuu fi yakkan gaafachuuf danbarsuu danda'a.

9.10 W.A.L.Q.O. yokiin kontiraaktaroonni isaa kan hayyamameef TEG odeeffannoo akka isiniif ergu hayyamtaniiru.

ODEEFFANNOO BAASUU FI TURSIIISUU

10.1 Akkaawuntiin keessan mana murtii dandeettii qabuun yoo akka bu'aa yakka irra yokiin gocha seeran alaatirraa maallaqa argame qabaacuun isaa murtaa'e, W.A.L.Q.O. seeraan barbaadamee maallaqa akkaawuntii keessan keessa jiru qaama seeraan bu'aa yakka irraa argame deebisuuf dabarsuu akka danda'u ni beektu.

10.2 W.A.L.Q.O. odeeffannoo waljijjiirraa keessani akka seerri yokiin dambiin barbaadutti hanga wagaa torbaatiif (7) tursiisuu danda'a.

WABII FI DANGAA ITTI GAAGATAMUMMAA

12.1 W.A.L.Q.O. gocha akkawunti shakkamaa Ooffiisera Maallaqa Seeraan Alaa Gabaasutti (OMSAG) ni gabaasa. OMSAG gocha shakkisiisu gara seera eegdoota ilaallatutti dabarsuu danda'a.

12.2 W.A.L.Q.O. waljijjiirraan hundinu yeroon akka raawwatu tattaafi barbaachisaa ta'e ni godha. Garuu, dhiheenya tajaajila M-BIRR kan itti fufu, kan hin cinne yokiin wabii qabu ta'uu isaa W.A.L.Q.O. ibsa yokiin wabii hin kannu. Sababni to'annaa W.A.L.Q.O. alaa tajaajila M-BIRR irratti dhiibbaa fiduu danda'a yokiin yeroo adda addaatti yalamuu, suphamuu, tokchamuu yokiin ammayaa'uu danda'a.

12.3 Osoo beeku yoo balleesse malee, W.A.L.Q.O. komii kamiyyuf itti hin gaafatamu. Keessahuu, W.A.L.Q.O. miidhaa yokiin kasaaraa kamiyyuu kan fuulletti, fullee malee, waan tokkotti annee, walqabatee yokiin miidhaa addabii kan waan asiin gaditti tarreefamee fi waan biraa dhufuuf itti hin gaafatamu.

12.3.1 Waljijjiirraa nama hin yaadamiif godhame yokiin kafaltii hanga isaa sirrii hin ta'in kan isin odeeffannoo sirrii hin ta'in galchuu irraa uumamu.

12.3.2 Waljijjiirraa akkaawuntii keessan irraa nama sadaffa kan gaafii eenyummaa adda baasuu darbuun godhamu.

12.3.3 Hirmaataan adda baafatamu, baafatamuu didu, gochi gowwoomsuu, wallalchisuu, sobuu kan hirmaatan godhamu

12.3.4 Waljijjiirraa isin gara M-BIRR ittiin gootan namni maallaqa fudhatu fudhachuu difuuf murteessuu irraa yokiin galmeessuu diduu irraa miidhaa dhufu.

12.3.5 M-BIRR ala, telekoomunikeeshiinii yokiin sirni odeeffannoo dadabarsu hojjachuu yoo dide.

12.3.5 Miidhaa kamiyyuu kan gocha mootummaa yokiin abbaa taaytaa, gocha rabbii yokiin humna dandeettii namaati oliitin dhufu.

12.4 Daangaan itti gaafatamummaa W.A.L.Q.O. fiixxee walqixxummaa akkaawuntii kan taatteewwan tokko yokiin walitti aananiif hojii irraa jiru hin caalu.

12.5 Isin walta'iinsa kana cabsuu irraa komii namni dadaffaa W.A.L.Q.O. tti dhiheessu ilaalchisee W.A.L.Q.O. miidha dabeessa ta'uu mirkanneessu fi beenyaa kafaluuf waltaataniiru.

WALIIGALA

13.1 Akkaawuntii M-BIRR keessan fayyadamtan nama biraatiif waljijjiirraa gageessuun dhorkaadha, ittigaafatamumma yaakkatiifis isin baasuu danda'a. nama biraatiif waljijjiirraa gaggeessuuf akkaawuntii M-BIRR keessanitti fayyadamuu yokiin akka fayyadamu hayyaamu hin qabdan.

13.2 Seera yokiin danbii kan illaallatuun yoo barbaadame yokiin faallaa ta'e, walta'iinsi kun osoo keewwattoota biraa hin tuqin, yeroo irraa yerootti fooyyaa'uu yokiin jijjiirramuu ni akka danda'u ni beektu.

13.3 Qabiyyeen walta'iinsa kanaa walta'iinsa waltaatoota gidduu jiru hunda waan as keessatti tumame illaallatee gubbaa aana. Walta'iinsa asiin duraa hunda bakka bu'a. Qabiyyeen walta'iinsa kanaa kunii fi kan maxxnsa duraanii keessaa yoo walfaaleesse, kanaatu irra aana.

13.4 Qabiyyeen walta'iinsa kanaa yeroo irraa yerootti akka W.A.L.Q.O. tajaajila har'a beeksisetti fooyyaa'uu danda'a. Fooyyaa'iinsi akkasii xalayaa beeksisaa guddaa yokiin kitaabbee xixiqqaa dukkaannan wakkiilaa, dameelee, gaazexaa guyyatti ba'u fi/yokiin weebsaayitii M-BIRR irratti maxxnfama, akkuma maxxanfameetti hojii irra oola.

13.5 W.A.L.Q.O'n mirgoota askeessatti kaa'amee shaakaluu dhabuun isaa akka mirga kanaa dhiisetti fudhatamuu hin qabu, W.A.L.Q.O'n. akka mirgoota kaanaa hin shaakalle dhorkuu hin danda'u.

13.6 Mirga yokiin dirqamaa walta'iinsa kana jalatti qabdan hayyama barreefama M-BIRR malee nama biraatiif dabarsuu hin qabdan.

13.7 Meeshaa yokiin tajaajila seera cabsu yokiin dabsu kan akka baala sammuu nama hadoochuu, meeshaa waraanaa, wanta yokiin tajaajila safuu kan akka qaama hormaata namaa agarsiisuu, piraamiidii yokiin sirna ponzii irratti hirmaachuu, mirga qabeenyaa kan namni biraa waan sammuu uume irratti qabu cabsuu, qumaara seeraan alaa, akkasumaas meeshaa

safuu ta'e, kan jeequmsa yokiin fedhii miidhaa fidu kakaasu, kan nama biraa gocha hamaa raawwachuuf yokiin waan hamtuu fayyadamuuf kakaasu, soda fudhatamaa hin qabne yokiin rakkoo namattii uumuu, sabaan amantii fi shanyiin jeequmsa uumuu, yakka hamaa fi babal'aa kan uumu, kan nama biraa salphisu, saalfachiisu yokiin kabajaa dhabsiisu fi kan biraa argachuuf yokiin kafaluuf tajaajila M-BIRRitti fayyadamuu hin qabdan.

13.8 Gaafa W.A.L.Q.O. du'iinsa yokiin dadhabtii sammuu nama M-BIRRitti fayyadamuu beeksifame, hangaa seerri dhaalma'aa yokiin fayyaa sammuu (akka ta'uu danda'utti) kabajamuu beekutti gocha akkaawuntii yeroodhaaf ni dhaaba.

13.9 Kan asiin olitti waligalatti kaa'ame akkuma jirutti ta'ee, W.A.L.Q.O.'n isin fira keessan kan yoo isin duutan yokiin sammun isin dhukkube maallaqni elektiroonikii keessan itti darbu karaa itti muudan ni dhiheessa.

13.10 Gaafa W.A.L.Q.O.dhaan gaafatame, namni waan bulchaa/horii hira qabeenya name du'ee yokiin sammun dhukkubdee ta'eef maallaqa nama sunii dhaqqabuu barbaade, xalayaa bulchaa yokiin horii hira yokiin ajaja mana murtii kan nama suniif qabeenayaa fayyadamaa M-BIRR du'ee yokiin sammun dhukkubdee taayta bulchuu kennu yokiin sanada biraa kan W.A.L.Q.O. gaafatu dhiheessuu qaba.

3.11 Fira muuduu yoo filattan yokiin manni murtii bulchaa/horii hira yoo muude, W.A.L.Q.O'n muudama sun irratti hundaa'ee yoo isin duutan yokiin dandeettii dhabdan maallaqa akkaawuntii keessan keessa jiru fira keessaniitti dabarsa.

MAAMMILOOTA GARGAARUU

14.1 Sarara duraa irratti wakkiilaa fi damee W.A.L.Q.O. tu isin gargaara. Gaafiin keessan hedduun wakkiilaa yookiin dameedhaan deebi'a. wakkiillinii fi dameen gaafii keessan quubsatti deebisuu yoo dadhaban WDM kan gaafii keessam deebisuuf odeeffanno ga'a qabuu wajjin wali sin qunnamsiisu. (Akkaa maamilaa korporetitii kallatii dhaan wirtuu gargarsaa maamilaaf (WGM)bilbiluu ni dandesuu)

KOMII WALDIDDAA HIIKUU FI SEERA ITTIIN BULMAATAA

15.1 W.A.L.Q.O. haala komii ittiin hiiku kan ifa ta'e qaba. Akka tarkaanfii tokkoffatti, wakkiila yokiin damee isinitti dhiyaatu deemtani komii keessan ibsitani galmeessissuutu isinirraa eegama.

15.2 W.A.L.Q.O. daldalaa hirmaatu wajjin ta'ee karaa waldiddaan ittiin hiikamu haala murtaa'aa keessatti ni dhiheessa. Karaa W.A.L.Q.O. yokiin daldalaan hirmaatu yeroo irraa yerootti gorsu kabaajuuf waligaltaanitu.

15.3. Waldiddaan kamiyyuu kan walta'iinsa kana irraa ka'u yoo wakkiilaan yokiin dameen hiikamuu baate hoogganaa W.A.L.Q.O. kan tajaajila M-BIRR hojjachiisuuf furmaataaf dhihaata.

15.4. Waldiddaan kamiyyuu kan walta'iinsa kana irraa ka'u yoo hoogganaan W.A.L.Q.O. kan tajaajila M-BIRR hojjachiisuuf itti gaafatamu hiikuu dadhabe gara araara araarsaa tokkoo kan waliigaltee namoota waldidaniitiin muudamu, waliigaltee akkasii yoo hin jiraanne, guyyaa waldiddaan beeksifamee jalqabee guyyaa 60 keessatti, iyyannaa namoota waldidaniin, walitti qabaan Inistiitiyuutii Araara Chaartard (Boqonnaa Itoophiyaa) tiif dhiyaata.

15.5. Hanga seeraan hayyamametti, murtiin araarsootaa kan maayyii kan dhumaa fi namoota waldidaa ni dirqisiisaa.

15.6. Wanti kutaa kana keessatti dhiyaate tokkollee qaama waldiddaa hiikuuf seeran beekame waldiddaa simachuu, dhageefachuu fi murteessuu irraa hin dhoorku.

15.7. Walta'iinsi kun kan hiikamuu fi buluus akka seera Federaalaawa Dimookraataawa Ripablika Itoophiyaatti.